# 38. GETHSEMANE FI QABIISA YESO; YESO PILATO DURAAN D’UFANI

## Matayo 26:36-50; Mariko 14:32-15:20; Luka 22:39-23:25; Yohana 18:12-19:16

Eegi Yeso fi jari isa gorola pasaka gololfate, worri gara Gaara Ejersa fi fulla toko ta Gethsemane jed'ani d'ufani; Yesoni waan jara ufitiini jed'e, “Kad’ad’aa akka ilaallacha hinseenne.” Jennaani inni Petrofi Yakobofi Yohana fula qofaati yaame waan worraani jed’e, “Anin haga laalefacha guddo haga lubbuu qaba. Isani arma tataa, eega.” Inni diqqo dura deeme, Waaqa kad'ate. Inni waan jed'e, “Ee Aabbo, atini waan ch'ufa indandeeta, mudunu tana naraa fuud'i, ammo fed'i tiyyaaniti, fed'i tantetiini.”

Yeson eegi kad’ate, gara jara isaa deebie, worra rafu arge. Irriiba worra kaase waan jed’e, “Akami dandeetani haga saa tokole na woliini eegu dad'abdani?” Jenaani worri guddo ch’eere. Duuba Yesoni akkuma suni deeme kad’ate. Akkuma kaani deebinaani, worra rafu arge. Ammalle Yesoni worra biraa deeme, maro sadeeso dubbuma suniini Waaqa kad'ate. Jennaani gara worra deebie waan jed'eeni, “Kakaa, Kuno, nami na gurguratu kana.”

Jennaani, Yudani gumii guddo ta sheeftifi bokuuni yaatun d'ufte. Inni Yeso, d’ungooni nagaya fuunaani, askartiin Yeso qabde yaateni. Jari Yeso ch’ufti sodaate baqate.

Worri Yeso qabe, mana qallicha guddaa geese. Achiiti d’araan isa himatani ammo inni inch’allise.

Qaallichi guddaani olkae waan Yesoni jed'e, “Atini himacha jari kunini si himatu tanaani woma injettu? Me dubbad’u, atin Ilma Waaqa Kha Muudame?” Yesoni waan isaani jed'e, “Atu ya jette. Ammo waan anini isaniti himu, Eegi arra, Ilma Nama ka harka mirgicha Waaqa Gudda tae, dumansa gubbatiini gadi deebiu argitani.” Jennaani qaallichi guddaani woya ufi tarsaase waan jed'e, “Atini ya Waaqa arabsite, nu d'uga d'ibi imbarbaannu; armati ya dubbi isaa ta daba d'ageettani; isani maani hereddani?” Worri waan jed'eeni, “Inni wollaala qaba, duu male” jed'ani.

Hanch'ufa fuulati tufani d'aanani; worri isa d'abanaase 68waan jed'e Kristo, fagi nama si d'ae nuti himi.

Ganama qaalole gugurdofi jaaroleeni Yahudi Yeso gara hayyu Pilatoti geesite. Pilatoni, “Namichi kunini maan yakke?” jed’e gaafate. Jennaani qaaloleeni, “Namichi kunini, anini hayyu ufiin jed’a jetteeni.” Pilatoni waan jed'eeni, “Atini Hayyu Yahuditi?” Yesoni waan jed'e, “Atu ya jette, ammo Mootumaan tiyya ta lafa tanatiniti.”

Jennaani Pilatoni Yeso jara askartiiti kenne akka isa d’aanan. Eegi worri lichoon isa garafe, Pilatoni waan jed’e, “Anin namicha kana wolaala tokkolle isa irraati hingarre.”

Duuba jari Yahudii waan jed'e, "Isa Fannisaa! Isa Fannisaa!" ammo Pilatoni waan jed'e, "Ammo anini yakka namicha kana tokkolle hingarre!" Duuba Yahudiin waan jette, "Yo atini namicha kana gadi d'iifte, atin Hayyu Rumiitini morkite" jed'aniin. Jennaani Pilatoni sodaate. Yahudiin durumaati yaate, iyyite, "Mukhaati fannisa, Mukhaati fannisa!" jette. Jennaani Pilatoni, aka Yeso ijeesani harka worrati kenne.

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**HIMAANSA JALQABA: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Takkuma si gatani yokhaani wolaala atin hinqamneeni si himatani? Atin kara kamiini akka name tokolleeni gama kanke hinjirre d'ageete?

**ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha:-**

**Waan YESO nu maan baranna? Kara kamiini akka Yeson Waaqa argina?**

- **Oduun tunini kara kamiini jabeenafi, humnaafi, guddinna Waaqa garsiifti?**
  - Wonti ch'ufti harka Waaqa kees jirti. Yesoni fed'ii Abbaati ufi kenne. Inni yaada Waaqa kha ch'ubbichaa baafama kennani guutu d'ufe.
  - Yeson waan jed'e, "Saatin tana. Kha na gurguratu, d'ufuuti jira." Inni akka Waaqi yaada isa gudda gula hojjachuuti jiru imbeekhe.
  - Yesoni gaafa wolaala inni hintolchiniini isa himatani, yaada Waaqa had'uu iti hingamne.

- **Oduun tunini kara kamiini akka Yeson beekhaa garsiifti?**
  - Yeson gaargala d'ufu imbeekhe. Inni guddinna rakko sunille imbeekhe.
  - Inni akka "satin geete" imbeekhe.
  - Inni yaada lafa d'ufeefi imbeekhe ("akka kha bade barbaade baasu").
  - Inni waan Yuda fi durdeemtoti Yahudi hojjatulle imbeekhe.
- **Oduun tunini kara kamiini qulqullooma Waaqa nu garsiifti?**
  - Waaqi qulqullo. Gatiin ch'ubbu nama duisa Ilma Waaqa ch'allaan baati.
  - Gatiin dallansuu Waaqa duisa Kristootin baati.
  - Waaqi d'ukkubbi Ilma isa inarge, ammo dandae owaatefi yokhaan baasu hindandeene waan gatiin ch'ubbuu guutamsaan bauu malteef.
- **Oduun tunini kara kamiini tola-eebba Waaqa garsiifti?**

- Waaqi ilma ufiitu inhambifanne, ammo akka gati ch’ubbuu baasufi nuu kenne. Inni akka hujiin tunini Yesooti jabaatu beekhe, kad’acha Isa d’agaaeefi, ammo akka fula teenna nuu jed’e duulle iyaadate. Yeson akkasumaati jireenna isa nu kenne.
- Akka name ch’ubbichi isa gurgurate, wolaala male isa himatani, d’aanani, duuba muume iraati fanno iraati fannisani ineeyame.
- Waaqi eebba Yesoni gaargalaan irra dandamate hafuuni kenneefi ammalle obsaani akka gaargala dabsatu kenneefi.
- Yesoni laafinnaafi soda jara isaalle inobseefi. Ato worri isa jala dachaellee inni takka worra imormanne.
- Yeson guutamsaan nama. Inni akka gaargala ilme namaa, nuufi jed’e kees bahu, ufkenne.
- Ufdiqeesiti Kristoo. Inni ato Waaqa uumama ch’ufa ta’u, marro jaalala namaatifi, gaargala gugurdaafi ch’eera gadi fagoo heddu kees bahe.

- **Oduun tunini kara kamiini amanammumma Waaqa nu garsiifti?**
  - Kakhuun Waaqa ta Edeni kessa (Um 3:15) ta inni Baasa Sheet’an dabsatu ergu, Yeso irrati muumofte. Akkasuma ammalle kakhuuni Abrahamuuleni ta gosa ch’ufa kara Sanyii isaatin eebisan, isa irraati muumofte. Kakhuu tanaati seena Israelii ch’ufa kees jiraate. Inni yaada isa hinjijiirre ato Ilma Isaa tokkochaani “Hiyyo” jed’eeni, haga diqqa tokko dudda iti galeellee.
  - Yesoni yaada Waaqa beekhe, mormuuni dide, ato yaadi sunini d’ukkubbi guddoo isa kees galcheellee.
  - Wonti kunini raagumma Isayaa kha Baasa Gaargala gudda kees bahu, kha akka oola qalma geesani jiru, kha ufii hindubanne, nu qaabsifti (Isaya 53:6, 7).
  - Raagummaan tunini layyu muumofte: Faaru 41:9- Jaalowan isaatu isa gurgurate; Isaya 53:3- Israeliiti isa dide; Zakaria 11:12-13- qarsii sodomaatin gurguratame; Faaru 27:12- d’araan himatame; Isaya 53:7- worra isa himate duraati inch’allise.

- **Oduun tunini waan nama maan nu barsiifti?**
  - Nami Waaqa duraati gati guddo qaba, kha Waaqi akka ilmeen nama kara Kristootini baafama argattu tolche.
  - Nami mata jabaate Waaqan morka. Ufiiti akka fed’iin Waaqa isaa taatu hinfed’u. Inni ufi bulchu fed’a. Keesumatti, worri “amantaa” gula yaau wolaala ufi argu dide, wolala himachu dide, ammalle yaada Waaqatti ufi diqeessu dida. Worri Yeso ijeesu ch’alla herrege.
  - Nami ufiiti qarqaarsa hinqabu ammalle ufi baasu hindandau. Jari Yeso kha guddo isaati d’iyaatelleen, kha dubbi isa d’agae ammalle waan mamaa kha inni hojjate argeellen, isa waliin ejjachu sodaatani waan laafinnaafi sodaan guutamaniifi.
  - Ch’ubbuu namaati akka Yesoni d’ukkubiifi gaargala kanaati ufkennu tolche.

- **Oduun tunini akka nami Waaqaan wold’aqu irra maan nu barsiifti?**

- Yesoni Abba Isaa kad'ate. Ilmi Waaqalleeni Waaqa sobate. Ammo innilleni d'ugeefacha guutu ta yaada Waaqa waliiin deemtu qaba. Ato isiin isa d'ukkubsiteellee inni fed'ii Waaqa filate eeyameefi.
- Yesoni ka gargari hinkunne jabeesse kad'ate. Inni marro sadii irra deebie kad'ate.
- Nami kara yaada Waaqa ch'allaan dandae baafama argata. Inni dandae ufi himbaasu.
- **Akka gaargala fuula iti deefatani irra, Yeso irra maan baranna oduu tan keessati?**

__Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu malani__ **:**

- Haali nu d'ugeefatooti yo nu gatani yokhaani wolaala nu hintolchiniin nu himatan keesati ufi arginu, guyya arra kami fa? Waan Yesonu waan kana kees baheefi, wonti kunini kara kamiini gara nu jabeesiti?
- Gaargala Yesoni kees bahe qaabachuuni kara kamiini akka nu d'ugeefacha kees guddannu nu qarqaarti?

__Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti ):__
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- **Takuma namu si jala dachae yokhaani wolaala atin hinqamneeni si himatani, ammalle golii tokolle ufi bira d'abde?**
- Takuma akka Waaqi guddo si jaalatu herredde, ammalle waan inni si baasufi tolche? Waan Yesoni Gethsemane keesafi jara angoo qabu duraati kees bahe herregi. Gati baafama keeti ta Yesoni baase, qaabad'u. Wonti kunini kara kamiini amala kanke jijiirti?